

Utuu hin du'in dura kan du'an namoota hedduutu jira. Isaan warra akka feetee jiraatanidha. Gootummaan ajjeesuu utuu hin taane, waan itti amananiif jecha du'uudha. Dachee kana irratti waan hunda utuu hin taane, dandeettii uumaan si keessa kaa'e qofa hojjechuu dandeessa. Haadduun qara baay'ee waamuru qabdi garuu muka muruu hin dandeessu. Qottoonis qara jabaataa ta'e qaba garuu, rifeensa haaduu hin danda'u; hunduu bakkuma isaaf kenname irratti qofa bu'aa buusa. Daldalaaf uumamte taanaan, Aartistii ta'uun qaba jettee, AARTII hin jufunfuleessin. Akka feetee dhiisii akka keetti jiraadhu. HOROMDHOOQII'n kudhaamadha; kudhaammadhu.

\*\*\*Barreessicha\*\*\*

#### KULKULA IN KULKULFATU!

Kulkula in kulkulfatu, dhiphuudhaaf soorri kolfa,  
Jabana hongen hammaatu, hundatu himata golfaa!

Gaafa jabbiin hoosiftee, dorrobaan taatu waatii,  
Sumsumni jabanaa yaabnaan, ramaciin daaraa taati!

Horomdhooqitu iciqaa'ee, karfaffuunis kurkura,

Hunduu horii jeeja'ee, ilkaan beeree gurgura!

Qabarichoo suufatu, raaree keessa ciisanii

Harka yebbuu qabaniin, maali yoo wal kiisani!

Gaafa aariin hammaatu, kolfatu ta'a udaan adurree

Utuu imimma'anii seequ malee, yeroo mara gadduuree?

\*\*Kitaabicha keessaa\*\*



Cover Design:- Dev0911534361  
Faayyaa Printing 0960355253

Gatii Qr. 100  
\$ 20

HOROMDHOOQII

KEENBOON ABRAHAAM

# HOROMDHOOQII

KEENBOON ABRAHAAM

# HOROMDHOOQII

WALALOOWAN  
Kan fooyya'e

KEENBOON ABRAHAAM

**2023**

© **KENBON ABREHAM**

Mirgi barreessaa haa eegamu.

facebook: Keenboon Abrahaam

telegram: Kenbon

Email:- [kenbonabreham@gmail.com](mailto:kenbonabreham@gmail.com)

[tiktok:- kenbon555](#)

**Gulaaltota**

1. Siifan Biraanuu
2. Abdiisaa Ejjetaa
3. Raagaa Isaayyaas
4. Dr. Gazzahaany Tolasaa
5. Tokkummaa Jaallataa

## **GALATA**

*Uumaa koo, ulee ittiin na tiksuuf muratte yeroo tokkoof hormatti laatee na daratee hin beektu; hin laattus. Uumtee nan dhiifne, anis uumamee sin dhiisu. Galatoomi Waaqayyoo koo.*

*Hinaaftotaa milkaa'ina koo hedduun galateeffadha. Hiriyootti koo kallattii maraan na deggertan gola yaadannoo sammuu koo keessa jirtu; ayyaana leencaa rabbi isiniif haa kennu..*

*Itti aansee, kabajamaa Ofii koo, Uumaa waliin taatee eenyummaa koo dhugaa waan na barsiisteef galatoomi.*

*Maatii koo, hiriyootafi, Artistoota Gulaala kitaabichaa irratti dadhabbii kiyya hirmaattan; akkasumas namoota maxxansa kanaa irratti na utubdan, gaafa haalli hin eegamne mogolee koo buusee, dadhabbii koo hundi manca'e, kan na jajjabeessaa turtan hundi kabajamtooti barsiisotifi hiriyoonni mooraa Yuunivarsiitii Mattuu akkasumas, sabboontoti hiriyootti koo Godina ILUU ABBA BOORAA naaf kabajamaa.*

### **YAADANNOO**

*“Moluu cabbii damdamatte, bakakkaaf abdatu” jedhu.* Cabbii keenya damdamattanii, warreen bakakkaa nurraa qoltan yoomuu laphee keenya keessa jirtu. **Dhiigi keenya adii** barruu kiyya kanaan yaadatamaa. Akkasuma Waloo, **Dr. Zalaalem Abarraaf** yaadannoo jiraataa naaf haa ta’u.

### **DURSA**

Walaloon aartii jechaa, dhikkisa humna guddaa qabuun hubatamudha. Walaloota koo kanneen yeroo ilaaltan, sagaleessaa utuu dubbistanii nan jaalladha. Sababni isaas; sagaleen qaamota walaloon irraa ijaaramu keessaa isa tokko waan ta'eef. Walaloo keessatti sagaleen hin jiru taanaan, dhikkisni uumamuu hin danda'u. Miidhaginni dhikkisa walaloos sagaleedha. Egaa walaloon sagaleeffamuu barbaada.

Kan isin hubachuu qabdan: walaloowwan kitaabni kun of keessatti cimmifattee jirtu, waggootaaf itti yaadamanii toorri tokko tokko isaanii yoo qaacceffaman ergaa of danda'aa akka qabaatanitti qopha'an. Waloon yeroo baay'ee jechoota hiika dhaanquu qabanitti fayyadama. Akka seera walalootti, seer-luga cabsuun mirga waloof kenname waan ta'eef kana akka hubattan nan fedha. Walaloon ayyaana.

Walaloowwan kana dura baay'inaan hin amaleeffatamne waan ta'eef xiyyeeffannootiin dubbisaa. Hojii koo biraan hamma wal arginutti yeroo gaarii 'HOROMDHOOQII' waliin.

## 1. Egaa...

Eelee kee suphuuf jecha  
Dhabus laga kiyyaa suphee  
Qiraacii kee balfeen gatu  
Ramaciidhaan waadee gubee,  
Caba kan kee siif sukkuumuuf  
Yoon dhabe iyyuu harka jabaa  
Madaa keetti quba qabee  
Sitti hin mammaaksisu gabaa.  
Qamaacaa kooti xurii keetu  
Siqiqiin kee na gugguba,  
Na marara dubbannaan kee  
Yoo callistu na dhukkuba

## Garuu...

Gaafan ciigoon sitti himadhu  
Waliin laaqee ciroof gaalee  
Hin dubbattu yaa gugee koo  
Callisuun kee ittuu caalee  
Oduun biyyichaa qilleensa'ee  
Gurra koo'rraa cabse lootii  
Gaafas naaf birmachuu baannaan  
Ati mee anaaf maal kootii?


Akka gaafan siif birmadhee  
Atoo naaf ta'uu dadhabdee,  
Caba qalbii koo suphuu dhiistee  
Maraachuu koo naaf lallabdee?  
Sitti iyyachuun kiyya  
Jedheen daftee na qaqqabda  
Waamicha koorraa haftee  
Reeffa koof immoo gaggabdaa?

## 2. Ilaamee

Ganni yeroo rooba balfee  
Dacheef gumaachu aduu  
Qaroon dhukkubsatee jaamee  
Bakki ijaas gaafa badu,  
Ancabbiin gatii dhabee  
Maalif ta'a faallaa qorsaa?  
Mucaan haadha dhokatee  
Akkamitti Aayyoo joorsaa?  
Dhadhaabbataa eeggadhu  
Hin adeemin daandii bofaa  
Gaarii qofa namaaf yaadi  
Hammeenysi qalbii si soofa.

### 3. Magan...

Luugammadhee afaan miiraa  
Gadin dhiise bifa dhiiraa...  
Tokkottin cuunfe jecha lamaa  
Ulee Abbaa keen cabsisiise hunda  
namaa...  
Ani gaafas...Qara harmaa  
Qusadhee sarmaa  
Nan kunuunse hin jigsinee  
Gudeeda kee urees hin dhiigsinee...  
Dhoksaa uruu dhiisuu koo garuu  
Garaan kee baarif hin baruu?  
Situ na dheesse, fafas deessee  
Gubbeetiin teessee  
Qarreerra geessee...  
Bultee tokko  
Dhufte cookkoo



Harma mursiifattee  
Gudeeda ursiifattee...  
Kunuunsa koo dabummaa seetee  
Miira guuttachuuf laga ceetee...  
Hammaarratte isa feetee.... **Magan...**

#### 4.Siif ...Anii...

Madaa dhuunfaa moggaa keenyee, mufannaa walii kulkulfanna  
Maraatummaa ofii dhiisnee, gufannaa walii dhukkubsanna,  
Jaalalli daangaa darbe, of keessaa nama ajjeesa  
Ani kan keen ciniinsifadha, ati ulfa kiyya deessa  
Siif ani, qaamaan lama tokko jiraanna jiruu  
Si raatessuu yeroo yaadan, anaan gobaatti diru  
Kudhan wal ifannee, wal boossisna dhibba  
Jaalalaan machoofnee, garaa gubna jibba  
Diinni kee garbuu goge ta'ee, mataan gadi rarra'a  
Jaalala keenya ilaalee, masaanuutu nu dharra'a  
Qilxuu caalaa dagaagee, jirmi keenya ni furdada  
Nu diiguuf yoo jibba facaasan, giingeetu nuuf dubbata  
Qoreen faana nu seenus, laga nu ceesisa naafti  
Tikeen keenya sinsinnoofnaan, kuubuun loon keenya yaafti

## 5.Kulkula kulkufatu!

Kulkula in kulkufatu, dhiphuufis soorri kolfa  
Jabana hongan hammaatu, hundatu himata golfaa!  
Gaafa jabbiin hoosiftee, dorrobaan taatu waatii  
Sumsumni jabanaa yaabnaan, ramaciin daaraa taati!  
**Horomdhooqiitu** nu dhaalee, karfaffuunis kurkura  
Hunduu horii jeeja'ee, ilkaan beeree gurgura!  
Qabarichoo suufatu, raaree keessa ciisanii  
Harka yabbuu qabaniin, maali yoo wal kiisani!  
Gaafa aariin hammaatu, kolfatu ta'a udaan adurree  
Utuu imimma'anii seequ malee, yeroo mara gadduuree?

**. Maalifmee...?**

Seexanni bishaaniin qirqidee, buutiin dhiqannaa si saama,  
Ekeraan lagaa siiqsee, mararfatee, maaf si waama,  
Maalif sobni baala baasee, siif gumaache gaaddisa,  
Dhidhibduu jibbuun ooddee, meelannaan kee maaf daaddisa,  
Maalif harki kee si rommee, facaafattus deebii dhabdaa  
Soora nyaattus har'aa boree, utuun turin maaf hagabdaa  
Qaroon gaaddisa kuufatee, maaf dimimmisaa'ee si jaamaa  
Abiddi kee bona foolatee, ganna qorraan maalif dhaamaa?  
Naaf deebisi kuluulee koo, kuluulaan maaf si guggubuu  
Gobaa morma si waraaneef, maalif mataan sin dhukkubuu?  
Halalummaa kee ganamaaf, galgala naasu maaf dhabda  
Tima keessa u'utaaltee, nan cabee maalif lallabda  
Giiftii rimmaa kunuunsitee, koobii balfuun maaf waakkattaa?  
Baabura jaalalaa lixxee, akkamiin jibba daakkattaa?

## 6. Gaaf gaafii...

Aannan qabee argate taatee  
Jiruu kootti dhangalaata  
Alii gumee koo namaaf laattee  
Faanni kee daandii koorraa kaata  
Takka dhadhaaf masaroo taatee  
Jilba koof baatta okolee  
Alii uddeellaa walitti feenee  
Wal luqqisna gogaa qolee  
Muudeef muudayees taana  
Wal jaalanna akka uleef tiksee  
Takka qoree walitti taana  
Qoreenis faana nu dhiiksee  
Egaa isan ajjeesetti  
Anaaf baadhuu gali faacha  
Midhaan qurxummii fuunee  
In nyaachisnuutii naacha

## 7. Hin fakkaatu!

Gaafa agamsi adaamii ta'ee  
Imimmaan lakkuu buusu  
Yeroo Leenci waraabomee  
Mangaagaa banee yuusu  
Gaafa karaan fagaatee  
Yaada namaa godhu lakkuu  
Waatiin mucha lagannaan  
Ameessa elmatu harkuu!  
Hin fakkaatu waan dhufu  
Guyyichi baatu aaga  
Boo'ichaaf gadadootu  
Mararoon gadda raaga!





## 8. Jette Adaamiin.

Agamsi koo maalif jaallata,  
Boo'icha ija koo arguu?  
Uumaatu isatti na laate'oo,  
Akkan isa faana margu  
Boo'us dhiisus, dhimma hin qabu,  
Ofiif mijeffannaan haala  
Guddina koo qummuunseetu,  
Ofiisaa guddachuu yaala  
Iyyanii dhabnaan dirmannaa,  
Maalif hasaasaan yeroo gubu?  
Nama utuu beekuu rafe,  
Abiddaan dha'anuu hin dhukkubu  
Kanaaf ta'e hireen kiyya,  
Yerooma hunda gadda  
Tarii boo'icha koo keessaa,  
Gammachuun Agamsaaf maddaa?

## 9. Maal ta'een hafa?

Gadadoo jiruu kootiif  
Dhiphuutti na laattee  
In balfitaa laata isa  
Saggoon koo siif eelte  
Tarii argaa koo jibbitee  
Namummaadhaa na baastaa?  
Moo... iddoon kufee gangaladhuu,  
Harkaan qabdee na kaasta?

Imimmaan koo dhoksuuf  
Roobatti na darbattaa?  
Moo miidhama barootaa  
Na gargaaruun baatta?  
Gatii dhubba miilla koo  
Deebii taasistaa naafa  
Ati ana ko'omnaan  
Ani maal ta'een hafa?

## 10.Sooki sookaan.

Sooki sookaan sookome  
Kanaaf hiikni dhokate  
Soorgis yoomuu soorgoodhan  
Hiika sirrii qabaate  
Uumaatu waan hundumaa  
Adda baasee katabee  
Sookoof sorgoo itti baasee  
Hunda keenyaaf lallabe!

Sookoon yoo soorgoome  
Eessa jira hiiki?  
Taa'i yoo nuun jedhan  
Silaa seena fiigi!  
Sooknisoo heedamee  
Sookoon bakka hin bu'u  
Hunduu gita qaba  
Xannachi hiddaaf hin du'u!



## 11. Atoo...

Gaggabdoo sammuu kootiif, funyaan koo abiddan ultu  
Ana qorratti darbattee, ho'ifattee goorroon bultu  
Utuu ati keessa jirtuu, godoon koo hin beeku duufee  
Jaalala keetu addadha, kanaafan si nyaadhee quufee  
Argaaf tasa na amantee, hormatti anaan hin laattu  
Isa dubbatte naaf eegda, akka namaa waadaan nyaattu  
Ol fagaatteetu jiraatta, uumamni sin argu yoomuu  
Qara iji si ilaale, salphatee tasumaan doomu  
Dubbatteetta sagalee kee, deebitee akka naaf dhufu  
Faanni koo siin imalti, gufattee tasa hin kuftu  
Sirreessitee bulchita, qaawwa koo duuchuuf situ jira  
Waakkii hin beektu atoo, nan hawwa dhufuu si bira  
Daandiin koo hin dukkanaa'u, sagaleen kee ifa kootii  
Atoo na fudhachuu dhufu, anis si godheera mootii

## 12. Barri maali?

Baratu nama baatamoo, namatu bara baata?  
Naaf deebisaa jamaa, barri maalinni laata?  
Barri konkolaataadhaa, nama fuudhee kan fiigu  
Tari akka obomboleetti, waan mara isa diigu?  
Galaanaaree laata, du'aaf fayyaa kan baatu  
Aduudhaaree gubee, biffaa namaa kan nyaatu  
In kuufamaa laata, tuulamee akka cabbii  
Tarii utuudhaaree, isa fidu gaabbii  
Barri kun maaluma, an maal jedhee himu  
Dubbachuuf yoon ka'e, jechuu wal naan simu  
Ofittoosoo miti, barri of hin kuulu  
Waan isa hin madaalle, ofirra hin tuulu


Kanaaf...

Hin kennu tasumaa, hin fedhu waan namaa  
Wal qixxee jiraata, asis ta'u gama  
Hin dhabus waan tokko, eessaayyuu hin argatu  
Irrisaa xobbatee, keessaan hin bargatu  
Bara abbaatu baattata, malee nama hin baatu  
Ittiin deemu malee, nama fuudhee hin kaatu  
Barri nama hin cabsu, abbaatu keessatti caba  
Barri nama hin qabu, namatu bara qaba.

### 13. Jibba dhalee sin dararu

Hirqinsuudhaan na caba, qomni koo ta'e suphee  
Saphaphuu keen sigigaadha, miidhamni kees na hubee!  
Teessoo miidhagaa tottolchee, bakka guddaaf ol'aanaa  
Gadadoo keetu lakkuu dhalchuuf, imimmaan ija koo gaana!  
Magan kee kun raajuma, tasa hin qabdu homaa hir'uu  
Qooda keetiif dirmammaa'ee, sagal dhiiga kiyya dirruu!  
Siif jecha ofin wareega, homtuu sirra nan mararu  
Dirqamni kam na gudeedus, jibba dhalee sin dararu!

2014



#### 14. Anaaf Ani

Anaaf ani, waliif horma,  
Ani raada, ani korma,  
Ani qaba, ani hin qabu,  
Ani hokkoodha, ani hin dabu

## 15. Nuuf wayya!

Ta'aa abbaan dagate, tusseen sagal ciniinti  
Iji gamnaa sobdeetu, hunda dura finiinti  
Danuu haftuun heerumtu, galaanni darba dhowwa  
Jaamaan jaamaa harkisnaan, xumurri ta'a bowwaa  
Yoo daandiin jaalalaa dabee, kan jibbaa immoo qajeele  
Inni argu libsatee, warra jaamaa yoo kajeele  
Jaalalli daangaa dhabee, halkaniif keenyaan gufuu  
Kabaa dhabeennaan manni, duufee dharra'a kufuu  
Garaaf karaa kee tolchii, namaaf yaadi waan gaarii  
Jibba garaa kuufattee, maalif kuufatta aarii  
Uumaan qabeenya guddaa, uumee siif kenne nama  
Kana hubachuu baannaan, takaallaan qalbiif gama

**Kanaaf...**

Waan facaafta haammatta,  
cabaan siin ta'u fayyaa  
Hammeenya yaaduu dhiisnee,  
wal jaallachuu nuuf wayya

## 16. Jaalalli hin alaa`u

Jaalalli hin alaa`u, bitintirus roora`ee  
Calaluunsaa dirqama, garbis yennaa boora`e!  
Dantaa tokkoof jecha, deemu karaa dhibba,  
Utuuman si miidhuu, garaan kee naaf sirba!  
Xeellaa miti jaalalli, sarootaaf miti soora  
Ganama taanaan jiidhaa, galgala akkamiin qoora?  
Sorrobduu iyyuu taatee, qilillees anaaf buuta!  
Jecha namaa hin dhageessu, atoo kaayyoo keef duuta!  
Kafandisee dhufeera, rooba karfaffuu keessaa  
Ani suman jeeja`a, maalumaafan si dheessa?  
Halaala gamaa teessee, jaalalan koon miidhamte  
Jechaaf oduu namaatiin, gufattee yoom hidhamte?  
Caamuu yoom dhiisee beeka, roobni roobullee cabbii?  
Lakkoofsa keenya ilaalee nu waliif kenne rabbi!  
Deebisee siif hidheera, jiruu kee isan tarsiise  
Imimmaan kee mildhatee, beektichi natti hasaase!



### 18. Yaa waaq...

Yaa waaqa hundaa ilaaltu, kan hin feene du'a namaa  
Uumaa uumama hundaa, adda baasta gaariif hamaa!  
Imimmaaniif gadadoodhaan, sagal iyya ni gadooda  
Namni jiraachuu jibba, jireenyi immoo namaan ooda!

Jiraachuu kee shakke namni, dhiigarra oolee bula  
Lafeetu qoraan ta'ee, boolla awwaalchaa ula!  
Kanaan isin ga'e jedhi, aayyoon boo'uu haa dhiiftu  
Baha tolchitee erga fixxee, qananiisi lixa biiftuu!

### 19. Dhugaan...

Qoqqooddii sammuuf onnee lola mataaf cinaachaa

Suphee walitti koobaa...

Gaarii kee kaleessa darbeef, hammeenyi kee inni har'aa

Duumessaa'ee ija koon roobaa...

Atin raftaa!

Achiin haftaa?

Jennaan lakkiin kee suuta hasaasaa

Horma dhoksee garaa kee natti basaasaa

Yoos...iddoon kufee nakaasta ana baattee wasaasaa...

Jedhee yaadaan kokkee qabee,

Kaleessa koo har'a dhabe

Kunoo gaddi jiruu

Hammaatu'llee qalbiin hiruu...

"Silaa gaafa jaatanii utubaan manaa lamaa"

Tokko miti keenyas lamaa,

Guyyaa hamaa

Gaafa yaadan namaaf gamaa!

Obsuu qaba dhalli namaa                      jedheen...

Aarii obsuuf anis aarsee

Qonyonyaa sombaa immoo xaarsee...

Kolfa irraan golguudhaaf, dhibee keessoo iccituu?

Dhugaan ilmoo rabbiiti, qallatu iyyuu hin cituu!

2023 Mattuu...



## 20. Maaf haalla?

Gaafa dinqatti hirqinfachaa, qarreetti immoo seeqani  
Alaan qalbii yebbachaa, yeroo keessaan deegani  
Gaaffii garaa deebisuuf, ciniinnatanii balfa nyaachaa  
Deega ofii dhoksanii, isuma qaban laachaa

Utuuma qimmiidamanii kolfaa, qirqiddaa fakkeessanii  
Soora cidhaaf qophaa'e, mana gaddaan geessanii!  
Imimmaan namaa qoorsuuf, dhoksannaan madaa ceekuu  
Akkam bulteedha malee, ollaan bulmaata hin beekuu

Egaa...

Wal fakkii Odaaf Qilxuu, gaaddisaan maaf madaalla?  
Walaabummaa morminee, Oromummaas maaf haalla?

## 21. Akka feete...

Yoo feete maraachi, huccuu narraa buusi  
Barbaaddu qoonqessi, soora illee na guusi!  
Barbaannaan faana koo, ijaajjisaa buli  
Feetus mar'immaan koo, eebicha soorii uli!  
Garaan kee jabaatee, naaf hawwinaan bona  
Oobdiin koo fira keeti, nama keessaan ona!  
Yoo feete na godhi, nama kaayyoo guddaa  
Waan hundumaa caalaa, natti hin gatin dugda!  
Adabbii kee barootaa, isa na sardee ta'e jeettii  
Gatiin sitti kaffale, dacheedhaaf samiin beekti!  
Ammas sun ga'uu dadhabnaan, luugamii natti fe'i eela  
Siif hiraaruun kabajaadha, ofiifan tuma seera!  
Filannoo biraa hin qabu, dhaddachi si harka jira  
Yookin anaan namoomsi, feetus na lagachiisi fira!

## 22. Situ...

Situ hunda naaf caala  
Waaqa koo waaqa gaarii!  
Dhugaa jallistee hin beektu  
Takkaas hin dhiibdu daarii!  
Har'a waan tokko jettee  
Bor immoo hin jijjiirtu!

Haqa saba qulqulluu  
Haqaaqxee hin micciirtu!  
Maaltu siin naaf gitaree?  
Tulluun siif rommee jigaa!  
Yoom rakkattee dhaqxe?  
Baankii gaafachuu liqaa  
Dhugaan mana kee jira  
Yaa abbaa haqaaf sirrii!  
Nama hunda jaallatta,  
Mana kee hin jiru shirri!

### 23. Barattuu kee..

Isheeti soora dharraa kuchisiistee  
Nu lameen jannataa butachiistee...  
Arraba kee dhaanquu gootee  
Sesseeqaa Hawwaa koo mootee...

Barattuun kee tarii...  
Utuu isheen hamtuu taatee  
Namichichi harkaa fuudhee maalif nyaate?  
Moo dubartittiin, barattuun kee sun bifti lamaa?  
Tokkoon gaarii, tokkoon hamaa,  
Eessatti barte isheen afaan bofaa?  
Maalif baate namicha dhiistee manaa qofaa?

...jechuuf jedhee  
Dhiisuus fedhee...  
Yaa bofittii gowwoomsituu  
Ilkaan kee Hawwaan haa doomsituu  
Kaarruu dhabii duudaa ta'i  
Bakka suubii dhaquu yaadde halkan ga'i...

Sababa keetti  
Nu taane reettii  
Nu soqoltee qullaa  
Silaa yoona jannata bulla

Garuu...

Eegduutoo jiraa akkamiin seente karra jannataa...

Moo eegduus gowwoomsitee darbite laata?

Har'as in hiddita namicha koomee

Erguma ilkaanni kee sun doomee...

Dubartittiis soba barsiistee sokkatee laata

Arrabnishees akkuma kee waan lama baata

Hidhiidhaan na dhungatti gororas na obaasaa

Dunuunfattee miirashee dheebuu baasaa...

Hin banne jira ishee keessa hafuurriti gaafas itti baafatte

Utuu jaalala narraa ammaarrattuu jibba na gaafatte....!

Egaa barattuun kee cina koo teessaa

Ilmoo lakkoo yeroo tokkotti naaf deessee...

Hammeenya gubbeerra, gaarummaa dukkana keessa keessee...

Akkasiin hanqaaquu koo hammannaanshee najalaa ajeesse.

Barattuun kee qaxaleedha

Har'a diigduu bor manaichaaf dagaleedha...

## 24. Jibban siif galaasa!

Wadaroo kee kuteen, si'umatti odeesse  
Malkaa inni andhuge, garaa Koo booresse!  
Siif garaan kutadhe, murtii isa dhumaa  
Uddeellaan si baachiseef, nan gaafatin gumaa!  
Gudunfaa mar'imaan kee, anarraa buqqisi  
Mooraa onnee keetti, horma galchii dubbisi!  
Hunda hin amanin, qabee si calaasaa  
Si jibbuu koo faarseen, jibba siif galaasa!

## 25. Giinnoo...

Gaanfuree ilma iluu, isa gindillaa haqaa baatee  
Daangaa Oromummaa kaluuf, uruffee xiiqii'rra kaate  
Hadheessoodha qomoon isaa, maqaan'saa jalqabaa **Giinnoo**  
Jagnummaa isaa ilaalanii, Caaliitti moggaasan mucaa xinnoo

Innis akkuma maqaasaa, diina sabaa godhee mulluu  
Warra dhoqqeen biyya faaluuf, dachaatti moggaasan tulluu  
Aadaa salgan Iluutti Caaliin, masoodhaan ta'a Abbaa Boor  
Silaas eegumsa barbaada, gadhiisii mitiim Malkaan Soor  
Bara gootichi guddaan, ta'ee ture Abbaa Gadaa  
Daangaa darbee Afur filamee, sabarree qoorse madaa  
Buunnoos ce'ee ilmaan Jimmaaf, ta'e mallattoo jagnummaa  
Caaliidha ilmi Shonoo, kan hin beekne lugnummaa!

Gootichi Oromiyaa Lixaa, Godina Iluu Abbaa Boor'tti dhalate Caalii Shonoon maqaan dhalootaa'saa 'Giinnoo' kan jedhamu yoo ta'u, Qomoon isaa immoo qomoo warra guddaa "Hadheessoo" jedhamanidha. Caalii jedhee kan maqaa isaa jijjiire, abbaasaa Obbo Shonooti. Sababiin jijjiirraan maqaasaa kunis, gootummaansaa akkuma mucaan guddachaa dhufuun namoota hunda ajaa'ibsiisaa dhufe. Nama daa'ima qaxaleefi cimaa ta'eef Oromoonni Iluu Abbaa Booraa maqaa Caalii jedhamu moggaasuun beekamu. Karaa biraa Caalii jechuun hiikkoon inni Afaan Oromoo keessatti qabu, "Abbaa Booraa" jechuudha. Ballinaan seenaa isaa qorannee akka dhalootaaf dabarsuu qabnu dhaamaa, walaloon kun Gooticha Caalii Shonoof yaadannoo akka ta'uufin barreesse.



### 234. Eeyyee

Morma kan kee natti qabdee  
Na qalchiisnaan gootee aarsaa  
Nuti waliif qaama tokko  
Malee naaf hin taatu waarsaa

Garuu...

Albee koo qabadhee goorroo koree  
Yoon dhabe qaluuf kee morma  
Ati abidda koo miti  
Nuti waliif taaneerra horma

## 27. Maal na dhaalchisa?

Naaf laattaaree laata, ofiif bakka buutu?  
Kan nan ganne akka kee, na waliin kan duutu?  
Jedhee himachuudhaaf, qabeenya kanan qaba  
Kan anaaf dhidhiibdu, beektee kiyya caba!  
Moo....  
Qofummaa dhaalchistee, ifa keen bashaata?  
Caba dhukkuba koof, kolfa duutaa laata?

## 28. Sin abaaru

Karaan kee jallatee, wal jala haa darbu  
Galma kee hankaaki, faanni kee haa cabu!  
Inni ati na goote, sitti haa ta`u cubbuu  
Dhalli kee guddatee, hin dheeratin lubbuu.  
Daaraan ni fakkaata, daakuu isa adii  
Of keessaan si dhabe; fuul-dura kootii badi!  
Jedhee sin abaaru, gadi lixi raaree  
Badiin kee baay'atee, hangamis yoon aare!  
Ati yoo cabsites, dagachuun kee irbuu!  
Fedhiin kee haa guutu, ani yoomuu sin jibbu!

Garuu...

Keessi koo hin fedhu, yoom iyyuu si arguu  
Oobdiin jaalala kee, anaaf yoomuu hin margu.



## 29. Gaafii...

Bofatu jagnoomee  
Barooduudhaan dhoo`a!  
Leenci faana dhabee  
Garaa isaatiin loo`a!  
Utuu qabuu qarshii  
Biilget taa`ee boo`a!  
Booken si liqimsee  
Ni taatasgaa du`aa!  
Arbatu utaalee  
Ijafaa si bu`a!  
Har`uma dhalatee,  
Mucaan harma gu`a!

2020, Gimbii

### 30. Hin dubbadhu!

Kan afaanni faaggaa ta'e, haa halaaku maal abbaasaa,  
Callisuumaa naaf wayya, dubbadhus maalan baasa?  
Dacheenuu siif dubbatti, duumessis fidee bokkaa  
Dandeettii kee lallabuuf, cabbiin coccobee sokka!

Sagalee koo olkaasee, mangaagaa saaqee hin iyyu  
Si ibsuu hin dandeenye, dibbeedhaaf gitaarri iyyuu!  
Bubbeen yoo ol aare, halluu kan kee hin balleessu,  
Roobni roobee aduun ba'us, gita kan kee hin xiqqeessu!

Baalliif mukti wal rigee, kalaqachuudhaan haasaa  
Iccitii gootummaa kee, gadi qabee hasaasa!  
Aduunis hihixatee, duumessa jalaan hulluuqee  
Si arguudhaaf wal morka, rooba yandoo quqquuqee!  
Sagalee wal qixxeessee, muuziqaan siif shubbisa.

Alaabaa kee raasuudhaaf, qilleensi illee bubbisa!  
Mee eenyu siif moggaasu, jecha kamtu si kineessa?  
Jechoota si ibsan nan dhabe, hunduu ta'an hiyyeessa  
Gaafa dhiphuuf baatii yaaddoo, kaamettii koo haadha malaa  
Tibba jinniif waqxii godaansaa, mogolee koof baatta galaa!

Kanaafuu maan dubbadhee, maqaa kan kee gadi buusa?  
Callisee warra si xiqqeessan, jechootan afaan guusa!  
Ati anaaf dhiphattaam, utuu hin godhin badii  
Anoo yoomuu sin jaaladha, dhiiga kiyya isa adii!



### 31. Abaraaham Liinkan

Daldaluudhaaf kaatee, yoo seente kisaaraa  
Aartee hin aarsine, ashiishiifi sigaaraa!  
Mana mareef dorgomtee, yoo kuftes kaleessa  
Kuula uffattu iyyuu, obsumaan dandeessa!  
Hunda kan siif caaltu, jaalalleen kee duutus  
Sookkeen qooxii keerraa, utaaluun yoo buutu  
Koongiresiif dorgomtee, yoo dhabdes filmaata  
Jiruu kee gar-tokko, rakkootu hirmaata!  
Pireezidentii ta`uuf, yeroo galte tarree  
Filameera seete, kufuu kee hin agarre!  
Lammata yoo galte, seenetiifis kooluu  
Doofaasoo fakkaattee, isa qalbii dooluu  
Umrii dullummaan, abjuu keef milkoofta  
Aduun dukkannisoo, gaafas ni ifoomte!  
Ameerikaa bulchuun, baafatteetta gumaa  
Nama kaayyoof du`uu, ati goota dhuguma!



### 32. Kaleessa...

Kaleessa qodaa guddaatti jaalala koo cimmifta  
Har'a ozoniin kee uratee saafaa natti dhimmifta  
Dheengadda biqilaa koo guddisuuf ija lachuun imimmaan roobda...  
Har'a biqilaa reefuu qummaadu balleessuuf itti cobda  
Samii garaa jabeessitee ho'aaf qorra waliin maktee  
Bakakkaa uumuudhaafitu illee keetiin lama baqxee...



### 33. Waliin...

Lilmee hojjechuuf jecha, gasoo miidhagaa cabsee  
Lallaba kee laamshessuuf, samiif dacheetti labsee  
Badii kootiin si faalee, sin dhaabu toora cubbuu  
Siifoo ofii koo ganeen, gumaacha gumaa lubbuu

Qaree sin doomsu beeki, dhagaatti humnaan tumee  
Tasa nan gaabbisiisu, siif bifti koo yoo dhume  
Simboo kee kunuunsuuf, fakkadhus doofaaf raatuu  
Galaan siifjedhee galaase, garaan hormaa in nyaatu

Gaaddidduu kee irratti, muka muree hin jigsu  
Kaloo keenyatti naqee, horii hormaa hin tiksu  
Bodee garmaamaa dhufu, mararteen walirraa qolla  
Argannus dhabnus beeki, nuti walumaan tolla



### 34. Hunduu kennaa qaba.

Simbirri barrisuun, samii keessa korti  
Malumaan raachi egaa, ilmoolee ishee horti  
Hariixaanis hedduu, jarjarsuudhaan fiiga  
Leenci immoo utaalee, gurmuu diinaa diiga!  
Inni kaan ni raaja, kaan immoo ni sirba  
Kaan ni jaallata, tokkoo immoo ni jibba  
Adurreenis qabdi, qeensaaf ilkaan jabaa  
Uumamni hunduu egaa, kennaa dhuunfa qabaa!

### 35. Gaaffii

Bara durii sana adduunyaaf, hiikni dhugaa maal ture?  
Waansaan baruu barbaade, isa har'aatu natti ta'e burree  
Utuu beekanii sobaan, dhugaa nurraa fageessu  
As ta'anii dhalatanii, darra gamaa akkeessuu!  
Daaraatti daakuu make, taliila maaf booressa?  
Qabeenya lammii saamee, maqaa godha sooressa!  
Eenyutu fidee dhoksanii, isa walitti diban cilee  
Maal ta'a adaraa, dhiigni dhiigaaf yoo hile?  
Maal ta'a yoo jedhan, kun soba inni kunis haqa  
Maalif lafeen wal cabse, dhiigni dhiiga maaf laaqa?  
Maqaa maaf geddarata, handhuurri hidda haalee  
Maalumaaf faallaa ta'ee, hurufi gaara caalee?  
Maalif qotaan huuqqatee, hataan fakkaate beekaa  
Barcuma kiyarras taa'ee, maatii kiyya maaf jeeqa?  
Maaluma ta'a beekaa'rraa, wallaalaan yenna bare  
Abbaan kansaa qotatee, fedhus yenna hare?

#### 44. Naaf roobsi!

Koochoo kiyyatu cabnaan, dhabe fanni dhadhaabbata  
Qilleensa daakuun dadhabe, hamilee kamtu na jabaata?  
Tokko dhibnaan bu'aan qabu, sumsuma sadii keessaa  
Imaanaaf kennata koo harki kee, enyutti geessa?  
Anoo hin goone cubbuu, shiras hin beeku dhugaa!  
Si eeguuf jedheen dhama ta'e, of keessaan qabu suga.  
Mee ati eenyure, maalifan dhabe si arguu?  
Rooba kee anaaf roobsi, qoddiin kiyya hamargu!

### 37. Filannoon kee maali?

Mee adda naaf baasi maal kiyyatti gammadda?  
Kanan baruu barbaade, namarraa maal kootu adda?  
Aanaa koo sin gaafadha, maal kootu si marara  
Barbaaddee yoo na dhabde, yaaddoon maaf si darara?  
Ani eenyuumaan oli, amala koo kan dandeesse  
Natti himi bareedduu, gaarii koo maal dhageesse?  
Bakakkaa jaalalaatiin, dhoofta kiyya tiruu,  
Ati dhibnaan maalif, gammachuun koos hin jiruu?  
Dhiiga keetiin taa'een, hafuura kee dhuga,  
Gaafa ati in jirre, soorri koo hin qabu suga!  
Ganama kan keeti, barbaaddu galgala,  
Gad-baatu gad ba'een, si faana ol gala!  
Mataatti na baattee, naan jetta hunda caali...  
Hagas kan na jaallatte, filannoon kee maali?  
Maalumaan na madaaltee, na caalchifatte nama...  
Tarii innuu wal caalaa, namnumtuu gosa lamaa

### 38. Hin sobu

Ati urjii yoo taate  
Ji'a siif hin moggaasu  
Siin hin jedhu addeessa!  
Ati gagaadha taanaan,  
Nadhii jedhee si waamee  
Maalifin si arbeessa?  
Dantaa sirraa argachuuf  
Yoom iyyuu sin dharra'u  
Haqa jirutu kana  
Siin hiraaruuf jedhee immoo,  
Jaalala keen gubadhee  
Keessa koo maafan bana?  
Bonaaf ganna dhiphadhus,  
Caba si oolfachuudhaaf...  
Ergan dhabee dandeettii!  
Atis ana gantee  
Jaalala koo maseensuun  
Na dabaltus gaangeetti!  
Hin sobu egaa anoo...  
Jaalala kee hadheessee,  
Hin deebisu mandheetti.

### 39. Gorora

Maaliif qaqallattee,  
Hidhiirra gadi yaata?  
Gaarii of moggaaftee,  
Garaa namaa haata?  
Akkuma hancufaa ,  
Hin bulleessituu soora?  
Silaa`oo hidhiitu,  
Gaafa sana qoora!  
Biyyeedhaaf si godha  
Of mumuldhisuun kee,  
Dhokadhuu bu`aa buusi  
Akka obboleessa kee!

#### 40. Ergaman...

Biqilaanuu biqilee, baasa sanyii hamaaf gaarii  
Aduunis galgala seentee, deebitee baati waarii!  
Ilmi namaa dhalatee, erga qaqqabee lafa  
Mul'ata isaa dagatee, hedduutu jooraa hafa!  
Anis yoon wallaale, jireenyi hiika dhaba!  
Kumaatama waliin deemeef, yoomuu in ta'u gabaa!  
Bifaan jara fakkaadhus, keessaa ergaman qaba!

## 41. Kanuma

Barcumarra teenyee maaf hamanna muka  
Gudeeda erga banneefii, maaf waakkanna luka?  
Daa'imni hin boonye harma dugda haadhaarratti du'aa  
Mucaan waggaa shanii dide harma gu'aa  
Majii dhokfatti durii garbittiin argatte gargaarsa  
Filannoon kee dhumnisaa lakkii dhiisi si aarsaa

#### 42. Wallaalaan...

Laagaa kan kee balliftee, na hammeessuudhaaf fiigda  
Tulluu ceephoo ijaartee, gaarummaa kiyya diigda  
Nama guddaa fakkaatta, umriin kee'mmoo jaarsa  
Mul`ata keessa kootu, guggubuudhaan si aarsa!  
Funyaan keetiin dhamdhamta, harraba keenis suuftee  
Maqaa gadheef hammeenya, gangalchuun narra tuulte!  
Yaa isa maqaan guddaa, hojiin kee immoo daa`imaa  
Suuta jedhee hasaaseen, dhaamsa kana siif hima  
Beekaa ijoolleen gadii, isa dubbatu hamaa  
Garaa keen na hinaafta, arraba keetu lama!  
“Jecha gadheef dhuufuu harree, duruu tuffachuun darbu”  
Hojiin kee'oo eebichaa, of hin fakkeessin harbuu!  
An qulqulluu ta`uu koof, ragaa rabbiinan qaba  
Sumatu ana balfuuf, ofumaa sammuu caba!  
Isa ati na gooteef, waaqni immoo siif haa dhiisu  
Wallaalaaf gaarii yoon yaade, maashaaleen koo na ciisu!

### 43. Obsituufi, dhoksituu!

Oolmaa kee ilaaleen, jechan jedhu dhabe  
Badiif yakka kiyyaan, hamileen kee cabe  
Dantaa tokko malee, arjummaa naaf laatte  
Uddeellaan sirra kaa`ee, obsa guddaan baatte!

Jiidha tokko malee, waan hundaa dandeessa  
Soorettii waa hallee, beekumsaan of geessa!  
Jedhee utuuman ol kaasee, seenaa kan kee lallabuu  
Mataa koo gararraatti, olis utuun si qabuu  
Atoo iddoo gadhiistee, taate dubbi dhoksituu  
Akka kee durii miti, miira keef hin obsitu!  
Erga ati geeddaramtee, anaan caalchistee horii  
Obseetan si dheessa, atuu gabbita bori!

#### 44. Ifan baqadha!

Amma amman of haala  
Yeroo hunda daddafee  
Yaadatu foon koo huuqqisee  
Anaan fakkeesse lafee  
Cirrachafaan lakka`a  
Guduruus hin haaddadhuu!  
Namatu gatii dhowwate  
Waanan ittiin dhaadadhu!

Miicceetan mimicciira. ifan fiigee baqadha  
Garaan koo na beela`a, nyaata`mmoo nan lagadha!  
Dhugaa koo namni hin beeku, cubbuuma narra tuula  
Harraba ceephoo baatee, hundatu natti duula!

#### 45. Siin du'u

Ka'ee siif maraadhee guuruu, ciccitaa wayyaaf hoosoo  
Bishaan qoonqoo koo lagee, dhuguu eebichaaf koosoo?  
Lakki maraachuu wayya, duuti koo si miidha  
Yoo ani godaane, maaltu siif kenna jiidha?  
Jireenya dachee balfee, utuun addunyaa gu'ee  
Ati naga jiraattaa, ka'ee utuuman du'ee?  
Maraattee qullaa buusta, namummaa kee iyyuu haaltee  
Gudeeda naman dhokfattu, mataa kan kee wallaltee,  
“Inni duunaan maraatte” jedha hinaaftuun keenya.  
Ati dararamaa hafuurra, du'uu keetu qabeenya!  
Ati duutee ani yoon maraadhe, siif wayya agartuu koo  
Sitti qubi qabamuu'rra, ana wayya marartuu koo!  
Siif du'uu koorra, naaf du'i, qooda kan keen maraadhaa  
Ati boqodhu ciisii, maraadheen eelaa kee baadhaa!

#### 454. Duriif amma

Dur dhiira garaa kutate, bishaan raafuutu gabbisa  
Amma dhiira garaatu muratee, yooddoon qalbii haphisa.  
Dur obsaatu obsaan obsee, aannan goromsaa dhugaa  
Amma dargaggeessatu joonja'ee, guyyaa adeemaa mugaa!  
Dur jaamaatu daandiitti ba'ee, dunbulloofaa kadhata  
Amma hoogganaatu raata'ee, abaarsaan jaamsa labata!  
Dur ilmatu abbaa awwaala, hirqinfuun imimmaan buusee  
Amma ilmatu hudhaatti hafa, gadda garaa haadhaa kuusee!  
Dur abbaa rakkatetu iyya, ollaatu dirmata dafee  
Amma caraantes homtuun dhufu, utuu boossuu taata lafee!  
Dur garba yoo waraaban, tasa hin godhan hir'uu  
Jaalalli daangaa hin qabu, fagoodhaa wal waama firruu!  
Amma qurxummiif jecha, galaana godhu yakkamaa  
Isa naachi balleesseef, qulqulluun maaliif shakkama?

#### 47. Hiddi maali?

Hidda jechuun maali, hiddi dhugaaf jabaa  
Dhadhaabbata lubbuu, hiddi gosa qabaa?  
Hin xannachaa'in ati, xannachi hidda miti  
Hiddi ofiif dhiiga, xannachattii citi!  
Akka hiddan hiddine, hiddi of hin hidduu  
Hiddi ofin qoodu, jedhee dhumaaf gidduu!  
Hirribaa dammaqsee, yaaddootti kan laatu  
Inni hidda miti, xannacha in saalfatu!  
Yeroo hiddi lammii, baduuf wixxifatu  
Atis hidda awwaallaan, dhiigni maal haa jettu?  
Garuu hiddi hidda, waliin wallaalchise  
Xannachoomee kunoo, horma of caalchise!  
Seenaatu si gaafata, yoo hidda hiddite  
Xannacha filattee, waliin yoo sirbite!  
Bu'aa maalii qaba, jennaan xannachaan na caalii,  
Ofiif dhiiguu dadhabnaan, hiikumti hiddaa maali?

#### 48. Bitā nagale

Maalif faallaa ta`ee, miilli hooqe mataa?  
Utuu guddaan taa`uu, xiqqaan baa`aa baataa?  
Amma egaa akkasitti, ni miidhagaa jiruun?  
Ooltee yoo bubbulte, lafee taati tiruun!  
Biiftuunis dallantee, karaa dhihaan baati...  
Indaaqqoon barristee, risaan lafa haati!  
Kanaan dura jedhee, isan godhe hiriya  
Utuu dhiibuu dhiibuu, na mancaase biyyaa!  
Roobni arfaasaa didee, bonammoo yoo boo`u,  
Ganni dur qorru`mmoo, akka abiddaa ho`u!  
Bitā natti gale, dubbiin har`aaf kaleessaa  
Rabbi yoo nuuf hoo`ee, yaadate maleessaa!

Oromiyaa, 2019

#### 49. Uumaa

Kan keetu na dhibaam, caalee waan hundumaa  
Ogummaan kee raajii, maal siin jedhu uumaa?  
Homtinuu utuun jiraatin, kophaa kee kan turte  
Jecha afaan keetiin, dachee kana abuurte!  
Utubaa malee keesse, qilleensumarra samii  
Waaqummaa kan kees haalee, sirraa hin qabu mamii!  
Nutu siin eegganna, hayyuu hundaan olii  
Hamaa kan nutti yaadu, Irree keen nurraa loli!  
Gochaan kee mishaadha, homaallee in qabdu mudaa  
Barbaannaan ni fayyifta, situ uuma jaamaaf duudaa!  
Gorsaa tasa hin qabdu, gargaaraadhaaf ajajaa  
Wallaalaa mitiim atoo, yookaan immoo fajajaa!  
Hormatti nun lafaftu, iccitii keenya eegda  
Bakka quuqama namaa, hunda caalchistee beekta!  
Goophoon si harka jira, yookaanis qajeelaani  
Fokkisaa kan jedhan sirka, inni gaariis bareedaani!

## 50. Waadaa

Mallattoo imaanaa qubeelaa koorra teessee  
Jecha jettee dubbatte irbuu koo eessa keessee?  
Hirqinfuu waamicha kee isa sekoondiif daqiiqaa  
Yaadannoo isaan yeelaleen, galaana keetti hiiqa!  
Cuuraa jaalala keetii, midhaan daana'oon nyaatte gootee  
Akka laayyootti ilaataa?, erga jiruu koo mootee  
Dhugaa dubbatta se'een, guddisee si amane  
Arrabni kee na faarsu sun, akkamitti na gane?  
Galfata quunnaa danuu, sitti laattannaan hiitee  
Cirtee firfirsuudhaan, maalumaaf ana mite?  
Yaboo yabbuu fuutee, erga yabaleessitee,  
Ho'aa utuun dharra'uu, na-jalaa qabbaneessite!  
Erga keetii'oo hin amanu, nama jaalala faarsu  
Anis lagatti galee, warra akka kee gubee aarsuu?

### 51. Maaltu na galche?

Buburree dachee ilaalee, maaf garaan na roora'a  
Waan bor baqee baduuf, qalbiin koo maaf boora'a?  
Yeroo feete ol barbaaddus gad buusta  
Nama jalaa callistee, qalbii namaa in kuustaa!  
Gita maalii qabda, akka feete goota  
“Ana” isa ofiin jedhu, mil'uu tokkoon mootaa!  
Hojii kee seenee borcee, waamicha kee'rraa in oolu  
Uumaa koo sin kabaja, yoomuu hin cabsu kooluu!

## 52. Hayyuu

Nama beekaa

Haqa raagu

Eebba isaan

Cufaa saaqu!

Yoo abaare

In balleeassa

Ni dhaabasi

Ifa addeessaa!

“Cabi” jennaan,

Isaaf kan cabu

Dubbii isaan

Kan qaqqabu!

### 53. Maal goota?

Yeroo tokko tokko  
Firatu ta`a diina!  
Utuu durba ilaaltuu  
Siin jetti an-dhiira!  
Korojoon dhuunfaa kee  
Yoo dide waa baatuu  
Ilmi abbaa isaa  
Dhoksee yeroo hatu!  
Adiin gurraachaan morkee  
Yoo fudhate aangoo  
Qubi ija jaamsuun  
Yeroo fidu rakkoo!  
Sareen jabbiidhaan  
Yoo jette “muchaa koo” hoota  
Utuu kana argitee  
Ammati akkam goota?

#### 54. Naaf dhiisi

Baay'ee dudubbadhee, hamaa sirra tuulee  
Sobee si gowwoomsuuf, haqa sitti kuulee  
Mufii qabda taanaan, anaaf tufi haagii  
Dhiifama naaf gochuuf, hin ta'inka daagii!  
Anis siin kafana, yoo qabaatte hir'uu  
Koottu wal boossisaa, qalbiis walin dirruu!

## 55. Tapha seeti

Ilaaltuun tapha seeti  
Simbira lubbuuf kaattu!  
Jaalala ilmoo in se'in  
Jaldeessa qomatti baattu!  
Ilmooshee da'eeffattee  
Fixeensa ofirraa qolti!  
Dugdatti naanneffattee  
Aduu ofirraa lolti!  
Qaruuraan araqee  
Akkamiin aannaniif ta'a?  
Harki rommaa si baatu  
In turu lafaan si dha'a!  
Gaafa sitti dhufu  
Akka maraatuutti iyyi!  
Si ilaalus maal si godha  
Ija sitti babaasus biyyi?

**564 . Alii...**

Alii malaaka fakkaatta  
Iji kee fagootti ifa!  
Ganama sinsinnooftee  
Galgala jijjiirratta bifa!  
Akka simbirroo subiin kaatee  
Ifa koo labsitee deebita!  
Galmee kee galagalchitee  
Garaan kee narraa cita!  
Sesseeqa gaafa dhiiftu  
Mootii Kooriyaa fakkaatta!  
Ooltee yeroo bubbultu  
Dhoqqaa'uudhaan mucucaatta!

### 57. Gara lamaan...

Ati naaf weeddista iyyitee kiilolee keen sirba aadaa,  
Atis ana sin lagadhu si malee eenyuunan yaada?  
Galgalli geenyaan fiigdee dhuftee na raffifta haadha gaarii  
Ganamee koo situ dhufee na dammaqsa gara barii,  
Gara lamaanin si ibsa took tokkotti qoqqoodee  
Siif jecha nan sirba nama hundumaanis oodee,  
Ati isheen tokko qaama kootiif soora baatta  
Ati kan biraan immoo beela kiyya ofii nyaatta,  
Ati naaf jecha eelta baattee dhiphuuf rakkoo  
Ati isheen tokko naaf ajjeesuuf dhaqxa baqqoo,  
Ati sammuu kooti waan hundumaa siinan yaada  
Ati gar-tokkoon ana si dhabnaan raata'een aada,

## 58. Edaa ati naacha!

Afaan koon baqadhe soora sitti baachaa  
Siin kunuunsee bulchuuf bonaaf ganna hojjechaa  
Siif Gemmoo dhaabee hoo'isee qoodakee dhaamochaa  
Boriif si abuuree egereef si abjoochaa  
Qurxummii koo jedhee sooraaf si abdachaa  
Kiiyyoon onnee waan gaarii naaf qabe jechaa  
Bara hedduu jiraadhus ol ol si kaayachaa  
Eda ati fira, horma shira dacha  
U'utaaltuu akka tafkii quqqubattuu akka billaachaa  
Luqqistuu garaachaa qirixxuu cinaachaa  
Ati **Qurxummii** hin taane edaa ati **Naacha**.

2004 D/ Doollootti. **Waloo Amaanu'el Waaqgaarii**.

Kitaaba isaa “**Edaa Ati Naacha**” jedhu irraa; Yaadannoon Barreessichaaf.

59. Kan si cabsu...

Kan si cabsu ba'aa miti  
Akka ati itti baatte malee  
Namni obsa qabu iyyuu  
Onnee baasa mixii qalee.  
Jufunfuloofttee maalif boossa  
Irqinfaa'uun yaalalooftee  
Amma utuu ati anaaf  
Walalaa'uun yaadaloofttee  
Madaa kan keen sossobbadha  
Akka boo'ee in waamne tisiisa  
Iji kan kee yandoo rooba  
Silaas cinaachi koo akkamiin ciisa?  
Silaa rakkoo koon siin himadha  
Kiilolee dhabus ol kaasee iyyee,  
Yoon jiraachuu dadhabes  
Sondiin godha seenee biyyee!

60. Shaggee...

Qarabaa kee qara yebbuu, diina keenyaaf goonee gala  
Akkamitti as deebi'ee, ana tokkocha kee qala?  
Danuu amala'shee kanaa, sassattuun du'aa deessi  
Mardoo mucaa bishaan ta'ees, kulkulfatee salgan teessi  
Atis miidhama argitee, yoo na dhowwatte gargaarsa  
Gaafan boo'u yeelalooftee, maaltu guggubee si aarsa?  
Gaafa ani qaamni kee, aadee boo'u laaqii keessaa  
"Akkam taatee" nan gaafattu, ho'ifattee baddaa teessa  
Eegumsa keef jedheetani, maraataa qaraa ta'ee  
Sagaleen koo dhokatee'nnaan, waltajjii irratti as ba'ee

Kottu labooba koo naaf qaammadhu  
Hammanni gubu ilaalii,  
Ati anaaf qaama kiyya  
Beeki shaggee abbaa Caalii,



## 61. Gowwummaa

Kan qabuuf dabali jennaan  
Harreen lagatti fincaa'e  
Dhuufuun mareedhaan dhuufan  
Maaliif namatti ajaa'e?  
Gaalli kan inni bade  
Gaafa dheerate mormi  
Afaaniin sitti kuula malee  
Garaadhaan faallaadha hormi.  
Dhagaa gangalchee deema  
Galaanni in beekne bakka bulu  
Maalif utuu bor jiruu  
Har'a gaagura du'aa ulu?

## 62. Muujalee koo

Deddeebiseen si gorfadha  
Amala kee kunuunfadhee  
Yooti malaa na yaastu  
Imimmaan kee ururfadhee  
Muujalee koo naaf bilchaadhu  
Teessee nan nyaatinii quba  
Hooqsisuun kee har'aa borii  
Hammaatee maaf na guggubaa?  
Lilmee siif jecha qaradhee  
Geessuudhaan godoo tumaa  
Utuu bichaachuu kee eeguu  
Ligidaa'ee qarri dhuma.  
Bilchaadhu yaa muujalee koo  
Sittis tolee natti haa toluu  
Imimmaan kee ol deebisi  
Dirmammuun keenya haa qooruu.

### 63. Dhimmisuu keen mararfadha!

Hin jirree jiraachiseen  
Qorqalbii koo siif uduma,  
Daakee si bulleessuu fedhee  
Suubiin koo nuugii kee tuma  
Dhimmisuu keen mararfadha  
Gamoo hormaa balfee diigee,  
Nan dingu dhaadannoon isaa  
Yoo supheen sibiilaaf dhiigee!

Kuluula keef da'oo ta'een  
Siif baasa wareega sirrii,  
Haalli yennaa jabaate'lee  
Siin nan haalchisu shirri,  
Cululuqseen kunuunfadha  
Daalecha kee simboo dibee,  
Ofii kootu siif masaraadha  
Hormaaf yennaa bakki dhibe,  
Gurgubbee koo naannesseetan  
Eegumsa keef labsa labsii,  
Hokkoo kiyya naaf qajeelchi  
Maramaa'saa qabii dabsi,  
Nan beeka ati haadha kooti  
Keessi koo akkam si shakkata?  
Daandii soqee si arguutiif  
Qalbiin kiyya na rakkata!

64. Jabaa koo

Allaattii qabee elmeen  
Aannan'shee dhangalaasa,  
Garbuu dhabee mankaraareen  
Marqaa imaltuuf galaasa,  
Cabi kiyya sukkuummaa dhabe  
Dhidhiibduunis biyyaa baatee,  
Utuun miilla Bakariin makmaakuu  
Argaa **Jaal Nadhii** taatee,

Ciimmaa qeerrensaa arginee  
Si arguun immoo ulfaate,  
Barbaacha keetiif jooraa  
Garaan erbee nu taate,  
Jireenyatu nurkatti alaa'ee  
Ta'e hadhooftuu jabaa,  
Of qajeelchuuf yeroo yaannu  
Ittuu nurkatti daddabaa,  
Atoo sammuuma bilisaa?  
Moo yaanni kee dhiphuu qabaa  
Naaf deebisi tokkicha koo  
Har'as si yaadeera ani jabaa,

## 65. Jireenya haalla

Yoo iji imimmaan fixxee  
Silga lakkuu lolaaste,  
Qarreenis lafaa kaatee  
Beera yennaa kolaaste,  
Gamni dubbii bulfatee  
Taanaan gurrissaa duudaa,  
Doofaatu baallii ol kaasee  
Xiqqaa akka'saa muudaa,

Cubbuun akeeka dhabee  
Yoo ta'e badhaasa haqaa,  
Jaamaatu uddeellaa baatee  
Hallayyaa qileetti maqa,  
Hurufni gaara caalee  
Taanaan jireenyi faallaa,  
Ekeraan boollaa baanaan  
Jiraan jireenya haalla!

## 66. Sanyii ofii

“Sanyii ofii fagaaratu urga'a”  
Jedha mammaakaan durii,  
Nuun afaannuu nu ajaa'ee  
Baase sammuun keenyas furrii,  
Re'ee tokko yoo qalan alaala guurti  
Re'een tokko bira teessee,  
Xannacha of badhaafteetu  
Hiika dhiigaa ollaa keesse!

Dibaaf mukukkulaan qabanii  
Aara sagaltamaan gaagura ulaa,  
Akkasiin dammaaf mana dhabee  
Kanniisi bakkee bula!  
Mo'ooshee dachaasuudhaan  
Ilkee kanniisaa deebisanii,  
Damma jalaa fossaa  
Arraba gurraachaan eebbisani!

67. Kennaa koo...

Naafa baadhee waggaa kuma  
Yaada keetiin baasee harrii,  
Moonyeen koo yaada kee tuma  
Addaan nu fageessitus barri,  
Atin beektu quuqama koo  
Kophaan daaka garba yaadaa,  
Argaa kan kee dhabeetani  
Gadadoon sammuu na waada!

Akkamitti si dagatee  
Qalbiin kiyya si awwaaltii?  
Yeroo kichuu si filattee  
Guddannaan immoo si haaltii?  
Lakki dhugaadha sin haaltu  
Jaalala kan kee wallaaltee,  
Qalbii kee cabe suphuudhaaf  
Of keessa si awwaalte,  
Agartuu koodha ati naaf  
Miidhagduu irraaf keessaa,  
Iyyeetan si barbaada'oo  
Na dhokattee eessa teessaa?  
Isan danuu mankaraaru  
Agartuu koo in dhageessaa

## 68. Toobbata

Sabaphuun kee mucuceessee, Furtuu yaadaa na hiiksis,  
Tima gaaressee ijaaruuf, Gamoo guddaa na diigsisa,  
Luka sadaffaa na caccabsa, Natti ta'ee abbaa hirree,  
Mooggaatti achi na baasa, Dachee maatiif firrin jirree!

Walitti hidhamtee bareeddi, Calleen yoo teessu morma'rra,  
Qananii ilmaan Walaabuu, Kan hin dhalanne horma'rraa  
Gadameessa boraafanee, Handhuura lakkuuttii baanee  
Kenna uumaa ganamaatiin, Hangafaaf quxusuu taane!

Beekumsi koo bakka dhabus, Gorsii kan kee natti dhufa,  
Deemuuf hamilee hin qabu, Sagal utaaleen kudhan kufa,  
Boquun koo na booqoqa'ee, Keessi koos ta'a hoffata  
Sitti mullifateetu, Hormammoo madaa dhokfata  
Hundarra natti aanta, Situ anaaf toobbata

69. Budaan...

Kan tokkoo hin tollee, Budaan deesse lakkuu  
Waatiin jalaa duunaan, Loon elmatu harkuu  
Muka rirmi nyaate, Utubaa manaaf murtee,  
Sin waamin owwaattee, Kottu jennaan turte!

Egaa...

Gad deebituu Fardaa'yyuu, harree gaanuu ol kaati  
Seera uumaa cabsitee, michuu salaphinaa taati  
Erga jaarsi du'ee, maaf akka goonu wallaallaa?  
Yennaa 'Saaxiniin' dhibe, jaarsa moofaan awwaallaa

## 70. Ilma xiiqii

Tarkaanfii tirannaan guute, Mul'ati dhabnaan utubbii  
Araarsuuf jaarsi utuu taa'uu, Yoo kalaqan dubbii,  
Harkaa ofiin gudunfaniitu, Ilkaaniin hiikuu rakkatu!  
Silaa waan facaasan, Guyyaa dhumaa argatu!  
Jeejeedhaaf yoo gumaachan, Kichuu harma hin guune  
Ilmoo xiiqii taatee guddatti, Nyaata budaan hin dune

71. Hin beekne

Dhuftee ilkeen natti kolfaa  
bultee akka taatu golfaa...  
Akka gaana lukkuu, na qoffaatee gubbee  
Siif aramee shooggaruutti, bar'uun harkaa gaaf na dhubbe  
Sin beekne, Hin eegne  
Akka bultee raammoo yaafu  
Akka aramaafaa baaftu  
Akka sanyiin kee xaa'oo gaafatu  
Akka dadhabbii koof corqaa taatu  
Ati garuu...  
Bultee kaatee, Maseena taatee  
Ija dhabdee, Hormaaf labdee  
Dadhabbii koo yeroo arfaasaa, harka qullaa na hambiftee  
Callaa taatee warra hormaaf, gabatee irbaatasaanii'rra ciiftee  
Ana qorri arfaasaa hube, saafaa bonaatti gad dhiiftee...

Amma dhuftee  
Karra cuftee  
Oolmaa koo maaf iyyaafatta  
Waa'ee kiyya maaf gaggaafatta  
Ani qaatan si awwaale  
Jiraachuu kan kee wallaalee...  
Namni imaanaa nyaate  
Ofiin gaabbiitti of laate  
Kan kees hireen kana taate...

**72. Akka waan...**

Waaqni garaa jabaatee  
Fuudhee sitti ana laatee  
Ati qumaara jiraachuu taatee  
Na maddabachuutti kaatee...  
Nyaatamtee qumaara lubbuu  
Hammaartee fudhatte cubbuu  
Anis...

Maddabamee sagal siif citee  
Kaartaan kee marsaatiin na fixee...  
Ammas gaaf biraa  
Madaba keef natu jiraa  
Hin jiiltu maddabattee na cituu  
Qumaaratti anaan fixuu

Daamaa, saddeeqaf beetiingiif gos biraa  
Sagaltama maddabattee na ciraa  
Harka qul'aa yoo taatuu  
Araadni si goonaan raatuu  
Oobdii hormaa soquu kaatee  
Ofii kee qumaara nama biraa taatee...

Maddabamuu keetiin boontee  
Qara kee kenniteefii doomtee

Amma garuu erga turee,  
dhugaan kiyya har'a siif galee  
Utuun kee homaan jijjiiru  
amma gaabbii qofa siif dhalee...

Akka na nyaachiste nyaatamtee  
Maddaba hormaan dhaalamtee...

Citte albaabatti takkaa

Kan ati na gootet si yakka  
Sichuu miidhamni koo si rakka  
Qalbii akkan dhanbafaan shakka



73.Ee...

Dhufa keef ilillee labsee  
Utuu in bulin  
Jechi kee hamilee cabsee  
jibba nan ulin  
Gadda kootiif seeda taatee, Yoon ol seenu boroon baatee  
Maaf suksukta cookkoo faanaa, Kormi kee maaf jibba gaana  
Akkalukkuu...  
qarabaa qalma maaf haata  
Baafttee lubbuu  
akka cabbii maaf dhangalaata?  
Yoom koo taata...

Didnaan anuu...dugda hindaaqqoon siif diriirsa  
Toora kee...Sooreef Boontuu nan hiriirsa

Gaafas gaabbiin duuba kee ilaaltee, akka niitii looxii dhumta baqxee  
Eelaa gaabbiin mankaraartee, miira kee taaziyaan laaqxee...

Achiis lufta  
Natti dhufata  
Dhiifamaaf kufta  
Aagii tufta

Anis ...  
Deemin jedha  
Kanan fedha

#### 74. Yoom koobda?

Dhiitoo dugdatti na ba'e  
Dhidhiibdee baasuu rakkattaa?  
Utuun xobbummaa kee hin argin  
Daftee maalif bargattaa?  
Funuuna funyaan na jiruuf  
Handhuura koo ol naaf qabda?  
Miidhama gabaan argu  
Maalif arguu dadhabda?  
Dheerina hamma taakkuu  
Fageessitee maaf safarta?  
Guyyoota darbuuf jettee  
Na balfitee maaf dabarta?  
Dhiitoo dugda kiyyaa dhoksuuf  
Biyyoo maalif itti dhoobda?  
Snsinnii kee golaa baastee  
Dhitoo koo kana yoom koobdaa?



## Hiika jechootaa

1. Aaduu.....Dhiphachuu.
2. Aagii tufuu.....Dhiifama gochuu.
3. Aggatu.....Maqsuu.
4. Aangii.....Hamilee.
5. Arbeessuu.....Dhaadessuu.
6. Ba`aa hawwii.....Kan bira hin ga`amne.
7. Ba`aa laphee.....Jaalala hamaa.
8. Beelaan falma.....Nii oomisha.
9. Bineensa ganamaa.....Jarjaraa\ sodaataa.
10. Bittinneessaa.....Oliif gadi facaasaa.
11. Bofarra ajjechuu.....Salphachuu.
12. Caaccuu fi Kallacha.....kabajamaa.
13. Cala`uu.....Baduu\ adeemuu.
14. Ceekuu jabaata.....Obsaadha.
15. Ciniinfatte.....Foollatte.
16. Cinaan nama ilaalu.....Nama tuffachuu.
17. Daba.....Cubbuu.
18. Dantaa.....Faayidaa.
19. Dho`ee.....Xaaxa`ee.
20. Dorrobaa qale.....Deege rakkate.
21. Dugda kute.....Abdii kute.
22. Duuniyaa qaba.....Sooressa\ dureessa.
23. Eebba qaba.....Ni jaallatama.
24. Fixeensa ganamaa.....kan dafee badu.
25. Foolii tiyya.....Jaalallee koo.
26. Foolloo.....Gobaa.
27. Foon jaallata.....Fira jaallata.
28. Gaabbee du`e.....Of komate.
29. Gaaddidduu.....Ni sodaata.
30. Gabatee arraabe.....nyaanni itti mi`aaye.
31. Gadaa xumuraa.....Bara ciniinsuu.
32. Gama ilaala.....Raatuudha.
33. Gaangee taate.....Ni maseente.

34. Ganda taa`a.....Mana hin qabu.
35. Garaa kutate.....Of jabeesse.
36. Garaa saaqe.....Hiccitii baase.
37. Garaa jabaata.....Rimaa miti.
38. Guca fakkaata.....Dhiita`aadha.
39. Gudeelcha rakkinaa.....Rakkoo nama dhaale.
40. Guullooo.....Bineensa namaa.
41. Gaadi`uu.....Hidhuu.
42. Giidoo.....Morgaa.
43. Gonnonnee.....Huccuu nama qabu.
44. Guduruu haaddachuu.....Guddachuu.
45. Hayyuu ta`e.....Beekaa ta`e.
46. Hamilee.....Jajjabina.
47. Hammeessuu.....Jibbisiisuu.
48. Hooda jedhe.....Nikakate.
49. Hiccitiirra ba`e.....Dubbii dhokse.
50. Horomdhooqii.....Akka feetee.
51. Ifa baqata.....Ni sodaata.
52. Imimmaan gogse.....Ni mararfate.
53. Ifee.....Calaqqisee.
54. Ija daba.....Hamaa hojjeta.
55. Irreeffate.....Muude.
56. Jeeja`uu.....Qoonqa`uu.
57. Jufunfulaa.....Raata`aa.
58. Kafandisee.....Jarjaree.
59. Karfaffuu.....Bokkaa dalgaa.
60. Kuula.....Mallattoo gaddaa\ cina bullukkoo irratti kan argamu.
61. Kaata.....Jooraa.
62. Kabuu.....Utubuu.
63. Kooluu.....Waadaa.
64. Lootii.....Amartii gurraa.
65. Niiyyaa.....Fedhii.
66. Nooruu.....Seenuu.
67. Ookaa.....Marga.
68. Qabarichoo.....Bofa kan ari`u.

69. Qoollifachuu.....Jibbuu.
70. Qooxii.....Bakka lukkuun bultu.
71. Raaree.....Dhoqqee, balfa.
72. Ramacii.....Abidda.
73. Riphee.....Dhokatee.
74. Sekkeelloo....., Miilla tokkoon utaaluu.
75. Shira.....Hammeenya.
76. Sookkee.....Lukkuu takkaa hin anqaaqin.
77. Urruubuu.....Ija danuu godhachuu.
78. Waatii.....Jabbii mucha hin guune.
79. Winaama.....Dhiphina.
80. Xessoo.....Bixxillee xiqqoo.
81. Xaaruu.....Dhama`uu.
82. Yaboo .....Irbuu
83. Yayyaba.....Hundee\ bu`ura.
84. Yaraa.....Muraasa.

© 2023 Keenboon Abrahaam Kumarraa.